

## **Oromiyaa Keessatti Maqaa Misoomaatiin Kan Geggeeffamaa Jiru Hooromsa Sirna Gabbaarummaa fi Barbadeessii Naannoo Umamaa ti**

### **(Infoo Deeskii ABO irraa)**

Sirna gabbaarii jechuun Itoophiyaa keessatti seenaa bara dheeraa duraa akka tahetti yaadatama. Haa tahuutii har'a bardhibbee 21ffaa kanattis taanaan, sirni gabbaarii keessumattuu Oromiyaa keessatti bifa jijiirrate malee hundeedhaan buqqa'ee hin dhabamsiifamne jechuu tu danda'ama. Garaagarummaan sirna gabbaarii durii sanii fi kan har'aa kana jidduutti mul'atu yoo jiraate, kan dabre sun fiwdaalota maqaa '*hager maaqnaat*' (biyya gabroonfachuu) jedhuun dhufanii qubataniin kan geggeeffamu yoo tahu, kan har'aa ammoo maqaa '*inveestmentii babal'isuu*' jedhuun kan duulamaa jiru tahuu isaa ti.

Har'a baadiyyaa fi magalaaleen Oromiyaa harka Oromoo keessa hin jiran jechuu tu danda'ama. Oromoont baadiyyaa lafa abaabilii fi akaakilii isaa irratti karoora fedhe baafatee irratti hojjetachuuf wabii dhowwatameera. Yeroo fedhetti humni mootummaadhaan bobbaafamu itti dhufee lafa isaa irraa humnaan buqqisa. Beenya oolmaa guyyaa takkaaf illee isa hin geenyen lafa isaa dhabee akka godaanu taasifamaa jira. Kan didee falmate ammoo saantima cabduu takkaan maleetti akka qehee isaa gadhiisu dirqisiifama. Lafti Oromiticha fi Oromtittii baadiyyaa irraa humnaan fuudhamu abbootii qabeenyaa shariika sirnichaa tahanif Mootummaa Federaalaatiin kireeffama. Qaamni *Mootummaa Naannoo Oromiyaa* ofiin jedhu gochaa Mootummaa Federaala kana moggaa dhaabbatee afaan qabatee daaw'achuu fi yeroo gariis harka dhawee simachuu irraa kan hafe tarkaanfi moggaasa maqaa 'aangoor' isaa waliin madaalu yoo fudhatu hin mul'anne, fudhachuu hin danda'u.

Oromoont roorroo saamicha lafaa bifa kanaan isa irra gahaa jiru abbaa itti iyyatu hin qabu. Hireen lammiiin Oromoo baadiyyaadhaa harkaa qabu yoo jiraate waan lama qofa. Tokkoon, qehee isaa dilbii fi lafa isaa xaahoo abbootii humnaaf lakkisee isaanuma jalatti hojii humnaa gatii rakashaatiin mindeeffamee buluu, yookiin ammoo qehee isaa roorrittootaaf gadhiisee lafa hin beeknetti godaanuu dha. Lamaanuu hiree akkaan hadhoostuu ti. Hojii 'investmentii' baanamuun jireenyi Oromoo abbaa biyyaa daranuu dachii keessa gadi dhidhimuu malee bu'aan irraa argame hin jiru. Abbootiin qabeenyaa waanuma fedheyuu yoo omishan bu'aa biyya irraa dhufaniif malee jirenya ummata isa abbaa lafichaa fooyyessuun dhimma isaanii miti. Hunda caalaa kan yaaddessaa taha jiru ammoo, abbootiin qabeenyaa lafa saamanii qotan san keemikaalota adda addaatiin faalanii akka lamuu lafti sun midhaan hin magarsinetti summeessaa jiraachuu isaanii. Shariikoni Wayyaanee maqaa investerummaatiin Hindii, Chaaynaa, Paakistaan, Tuurk, Saawud Arabiyaa fi biyyoota biroo irraa, akkasumas, Kaaba Itoophiyaa irraa dhufanii lafa Oromoont irraa qubataa jiran egereen biyyee fi qilleensa Oromiyaa boruudhaa isaan yaaddessaa hin jiru. Mootummaa biyya Oromoo barbadeessuuf imaammatee tooftaa adda addaatiin hojjechaa jiru waliin tumsanii yakka seenaan hin daganne raaw'achaa jiran.

Har'a lafti omisha abaaboof jecha Oromiyaa bakkoota adda addaatti bal'inaan qotamaa jiru hegereen omishtummaa isaa yaaddessaa dha. Oromiyaa keessatti lafti omisha abaaboo tolchuuf qofa yaadamee keemikaalota farra midhaan nyaataa tahaniin faalamaa jiru haalaan bal'aa dha. Akka fakkeenyatti Giddu Gala Oromiyaa (naannoo Finfinnee) irraa onoota akka Ada'aa, Liiban Cuqqaalaa, Caffee Doonsaa, Abbichuu, Sululta, Lumee (Mojoo), Sabbata, Hawaas, Waliso, Alam Ganaa, Walmaraa (Hoolota) fi Dandii keessatti lafoonni qonnaa abaaboof oolfamanii jiran mata mataatti hanga hektaara 800 akka bal'atan qorannoodhaan mirkanaawee jira. Oromoone qehee isaa irraa buqqifame projektoota qonnaa abaaboo alagaa kana keessatti hojji humnaa guyyaatti 10-15 hin caalleen mindeeffamee qabeenyaa lafa isaa qofa osoo hin taane humna isaas saamamaa jira. Abaaboo jechuun mallattoo abdii fi jaalalaa tahuun beekama ture; sun alagootaaf malee Oromoof hin hojenne. Abaaboone Oromiyaa keessatti dhiigaa fi dafqa Oromoof dhugee lalisaa jiru Oromoof abdii odo hin taane ibidda gubee isa balleessu itti tahe!

Gara magalaaleettis yoo deebine dhugaan mul'atu kana irraa adda miti. Babal'inni magalaalee kan har'a mootummaan akka guddina biyyaatti odeeffatu, Oromoone qehee isaa irraa buqqisanii manaa fi lafa-dhabilee taasisuudhaan dhugoomaa jira. Akka fakkeenyatti qorannoon dhihoo kana naannoolee magaalaa Finfinnee irratti geggeeffame akka hubachiisutti, manneen kondominiyeemii fi projektooni adda addaa naanno magaalaa Finfinnee keessatti jaaramaa jiran, hegeree Oromoota bardhibbee hedduuf lafa kana irra jiraataniidhaa dukkaneessaa jiru. Meetir iskuweera tokkotti beenyaa saantima 70 hanga qarshii 5 hin caalleen fudhattu fudhu, diddus humnaan gadhiisuun siif hin oolu jedhamee tu Oromoone lafa isaa irraa buqqaafamaa jira. Lammileen Oromoof bifa cubbamaa kanaan qehee isaanii irraa buqqifaman baay'een har'a baadiyyaatti ol baqtanii jiruu kadhattummaa jiraachaa jiru. Kan hiree wayyaa qabu jedhaman ammoo dhiirri waardiyyummaadhaan, dhalaan ammoo garadummaadhaan alagoota dhufee lafa isaanii irratti ijaarrate tajaajilani buluuf dirqaman.

Kanuma wajjin warshaalee fi projektoota fakkaatoo keessaa keemikaalonni summaawoon gad lakkifaman umrii ummataa fi beeyladaa gabaabsaa jiraachuu qorannoon olitti eerame ni hubachiisa. Laggeen akka Aqaaqii, Sabbataa, Duukam, Moojoo, Gafarsaa, Hawaasiif kan biroon dur bishaan xaliilawoo tajaajila dhugaatii fi qulqullinaaf oolan gumaachu turan. Har'a garuu keemikaalota kanaan akka malee summaawanii dhiiga fakkaataniiru. Dhalli namaa fi beeyladni laga kana irraa kan hafe bishaan dhugaatii addaa hin qaban waan taheef dhukkuboota waldhaansa illee fayyuu hin dandeenyef saaxilamanii dhumaa jiru. Lafoonni akka naanno Galaan Guddoo bakka balfaan (kosiin) magaalaa Finfinnee keessaa guuramu itti kuufamu taheera. Sirni Wayyaanee kan afaniin waa'ee eegumsa naanno umamaaf kan quuqame fakkaatee ololu Oromiyaa keessatti gammoojjummaa fi summaawina qilleensaa babal'isuuf halkanii guyyaa hojjetaa jira. Ummanni dhimma kana irratti mootummaa biyyan bulcha ofiin jedhutti yeroo adda addaa iyyatu illee gurra isa dhagahu hin arganne.

Walumaa galatti har'a Oromiyaan jirenya gabbaarummaa tooftaa jijiirratee as bahee fi naanno umamaa mancaafamaa jiru keessatti iggitamtee bulaa jirti jechuu tu danda'ama. Naanno Finfinneetti ammoo jiruun gabbaarummaa kan maqaa jijiirratee Oromoof irratti haaromsamaa jiru kun irra hadhaawaa dha. Naannoowwan akka Buraayyu, Duukam,

Galaan, Hoolota, Laga Xaafuu, Sabbata, Sandaafaa fi Sululta keessaa qofa lafti Oromoo iskuweer meetira 404,172 tahu Oromoo harkaa baafamee guddina dinagdee fi sadoo jirenya alagootaaf oolaa jira. Oromiyaa walii galaa keessatti ammoo lafti Oromoo kan suuduudaan toyannoo Mootummaa Federaalaa jala galfame hektaara 1,057,866 akka tahe statistiksiin muutummichumti baaseyyuu ni mirkaneessa. Kan lakkoofsa istaatistiksiin kanatti hin dabalamin akkuma jirutti tahee jechuu dha. Lafoota kana hunda irratti Oromoonti itti ajaja odoo hin taane, alagoota lafa isaa dhaalan jalatti akka ciisenyaatti gugguufee humna isaa qisaasuu tu hiree isaa tahe.

Misoomni biyya tokkoo kan misooma jedhamu lammii hunduu qooda isaaaf malu misooma baanamu san irraa kan argatu yoo tahee dha. Misooma Wayyaaneen odeeffatu irraa garuu, qoodni Oromoonti akka sabaattis tahee akka matayyaatti argachaa jiru yoo jiraate waan duraan qabaachaa tureyyuu dhabuu tahe. Hiyyoomus sooromus kabajaa akka abbaa warrummaatti qehee isaa irratti qabu mulqamee gara waardiyyummaatti gadi kufuu dha. Haadha warrummaa irraa gara garadummaatti gadi cabuu dha. Abbaa lafummaa irraa gara gabbaarummaatti darbatamuu dha. Alagaa halaalaa dhufee qehee nama irraa fudhateef gugguufanii ergamanii buluu dha. Walumaa galatti misooma Wayyaaneen odeeffatu irraa bu'aan Oromoonti biyya abbaa isaa irratti argataa jiru yoo jiraate saamamee fi salphifamee toora namummaatii bahuu qofa.

Haalli kun jijjiiramuu tu fardii dha. Amma hadhaan jiruu gabrummaa guutee dhangle'uu eegaleera. Oromoonti jirenya isaa har'aa qofa osuu hin taane hegereen isaa akka dukkanaawuuf irratti hojjetamaa jira waan taheef, karoora diinaa kana callisee laaluu hin qabu. Dachiin isaa taadhiin akka summaawee doomuuf, qilleensi isaa jiidhaan akka gogee hongaawuuf irratti duulamaa jira waan taheef, biyya isaa balaa hamtuu tana irraa baraaruuf hireen jiru qabsoof muratanii gadi bahuu qofa! Qabsoon kunis mirga ummanni Oromoonti magaalaa Finfinnee irratti qabu kabajsiifachuu, daba maqaa investimentiitiin Oromoonti irratti raaw'atamaa jiru dhaabsisuu, hidhamtoota siyaasaa Oromoonti kan kumootaan manneen hidhaa jiran hiiksifachuu, duula maqaa shororkeessummaatiin Oromoonti irratti labsame of irraa dhaabsisuu, loogii sanyummaa addatti barattoota Oromoonti irratti raaw'atamaa jiru dura dhaabbachuu, Waldaa Maccaa fi Tuulamaa cufame bansiisuu fi gaaffiilee jajjaboo guutuu Oromiyaa falmachuu dablatan biroos hammachuun Wayyaanee sarduu tu irraa eegama!

### **Injifanno Ummata Oromoof!**

**Infoo Deeskii ABO  
Mudde 2011**